
# Qoricha Dhukkuba Daranyoo Sombaa Dhokataa: 3HP

TB FREE KING COUNTY

Qoricha keessan torbanitti yeroo tokko torban 12'f fudhattu.

Kiniiniiwwan keessan torbanii guyyaa torbanii wal fakkaataa irratti yeroo tokkotti walfaana fudhattu.

Qoricha dhukkuba daranyoo Sombaa dhokataa (LTBI) fudhachaa akka jirtan doktoroota keessan kan birootti himaa.



Dhukkuba daranyoo Sombaa dhokataa gosa infekshinii Dhukkuba daranyoo Sombaa qabdu. Dhukkuba daranyoo Sombaa hin qabdan, kanaafuu namoota biroottis dhukkuba daranyoo sombaa tatamsaasu hin dandeessan. Qorichi kun dhukkuba daranyoo sombaa si'ooma isin irra ittisuuf gargaara.

| Qoricha | Baay'ina kiniiniiwwanii | Guyyota torbanii |
|---|---|---|
| Isoniazid | | W K R K J San Dil |
| Rifapentine | | W K R K J San Dil |
| Pyridoxine (vit B6) | | W K R K J San Dil |



Gaaffiilee ykn miidhaawwan biroo yoo qabaattan narsii keessaniif bilbilaa:

______________

Public Health
Seattle & King County




Qoricha keessan battalumatti fudhachuu DHAABAA, akkasumas yoo rakkoolee armaan gadii keessaa tokko isin mudate narsii Dhukkuba Daranyoo Sombaa keessaniif BILBILAA:

- Fedhii nyaataa xiqqoo qabaachuu ykn tasuma dhabuu
- Jeequmsa garaa ykn dhukkubbii garaa
- Locuu ykn hoqqisa
- Fincaan halluu keelloo qabu ykn bobbaa salphaa
- Gogaan ykn ijji keelloo ta'uu
- Dirmammuu ykn dhiiguu salphaa
- Shiffee ykn cittoo
- Dadhabbii hamaa ykn dadhabbii
- Ho'a qaamaa
- Dhukkubbiiwwan mataa ykn qaamaa
- Maraammartoo
- Harki ykn miilli keessan adooduu

**YAADACHIISA: Fincaan, hancufni ykn imimmaan keessan gara burtukaanatti yoo jijjiirame homaa jechuu miti. Leensiiwwan lallaafaan tutuqqiin xuraa'uu danda'a.**

TB FREE
KING COUNTY

## Gorsoota 3HP fudhachuuf gargaaran

- Qoricha keessan akka fudhattan isin haa yaadachiisuuf yaadachiistu guutaa
- Maatii ykn hiriyaan akka isin yaadachiisu gaafadhaa
- Yoo alkoolii kan dhugdan ta'e, alkooliin miidhaawwan biroo fiduu waan danda'uuf doktora keessan waliin haasa'aa.
- Waa'ee qoricha biroo fudhattan doktora keessanitti himaa
- Gaaffiilee yoo qabaattan narsii keessan gaafadhaa

Public Health
Seattle & King County